

ይህ መገልገያ (መፅሐፍ) የተጫነው
በ ኢትዮ_ Students የ ቴሌግራም ቻናል ላይ ነው

ከ10,000 በላይ ትምህታዊ መያህፍት እና
ታማኝ የመረጃ ምንጭ አሁኑኑ ይቀላቀሉን

በቴሌግራም በርካታ ተከታዮችን ያፈራ ቻናል

ኢትዮ STUDENTS
@EthioStudente
@ethiostudenteBot
ETHIOPIA

Join Us On @ethiostudente

MOODEELA BARNOOTA BAAYOLOOJII KUTAA 8FFAA BARA 2012

BIIROO BARNOOTA BULCHINSA MAGAALAA FINFINNEETTI

QORMAATA MOODELA KUTAA 8FFAA BARA 2012/2020

Gosa Barnootaa**: Baayoloojii .** Sa'atii Kenname **1:oo**

QAJEELFAMA WALIIGALAA

1. Ajaja kenname sirriitti dubbisi.

2. Yoo gaaffii qabaatte osoo qormaanni hin eegalin nama to'atu gaafadhu. Qorumsi jalqabnaan gaaffii fi deebiin hin danda'amu.

3. Waraqaan qorumsaa kun barattoota kutaa 8ffaa Mana Barnoota Afaan Oromoo barataniif kan qophaa'eedha.

4. Tokkoon tokkoo gaaffii filannoowwan afur kan A, B, C fi D jedhamanii dhiyaatan qaba. Tokkoon tokkoon gaaffii fi filannoowwan isaa erga dubbisteen booda filannoo deebii ni ta'a jettu waraqaa deebiif qophaa'e irratti qubee filannoo keetii qubeessaadhan gurraachessi.

Fakkeenyaaf "A" kan filatte yoo ta'e akka armaan gadiitti qubee "A" hammattuu keessa jiru gurraachessi

[A] [B] [C] [D]

5. Yoo deebii kee jijjiiruu barbaadde dura filannoo kee isa duraa sirriitti haquu qabda.

6. Qormaata kophaa kee hojjachuu qabda.

7. Yoo naamusaan ala hojjattee argamte firiin qormaata ketii nihaqama.

8. Yeroon qormaataaf kenname dhumuu isaa too'ataan yoo sitti hime battalumatti dhaabuu qabda.

RIIROO BARNOOTA BULCHIINSA MAGAALA FINFINNEETTI

Qormaata Moodelaa Barnoota Baayoolojii Kutaa 8ffaa Bara 2012.

Qajeelfama I. gaafilee armaan gaditti dhiyaatan erga sirritti dubbisteen booda qubee sirrii qabu filachuun deebisis.

1. Qaamni sochii paaraamisiyeemii maal jedhamee beekkama?
    A. Miil-soboo
    B. Rifeensee
    C. Siilqixa
    D. Dhandhalcha
2. Orgaanizimoota seel qeenxee armaan gadii keessaa nyaata mataa isaa qopheeffachuu kan danda'u isa kami?
    A. Ameebaa
    B. Paaraamisiyeemii
    C. Yuugiliinaa
    D. Ameebaa
3. Adeemsi wal hormaata saal- malee raacetii maal jedhamee beekkama?
    A. Kichaawaa
    B. Raaciteessuu
    C. koonjugeeshinii
    D. Adda bahinsa
4. Amala orgaanizimoota seel qeenxee kan **hin taane** kami?
    A. Seelii tokko qofa irraa ijaarraman
    B. Ija qullaan mul'achuu ni danda'u
    C. Hamma xinnaa ta'e qabaachuu
    D. Dhala namaaf faayidaa qabu
5. Caasaan seelii paaraamisiyeemii adeemsa wal hormaataa too'achuuf fayyadu maal jedhama?
    A. Vaakiyuulii nyaataa
    B. Vaakiyuulii kottoonfataa
    C. Niwukilasii guddicha
    D. Niwukilasii xiqqicha
6. Barataan kutaa 8ffaa tokko maayikirooskooppii fayyadamuun orgaanizimii seel qeenxee erga daawwateen booda eddattoon isaa boca hanqaaquu fakkaatu kan qabu yoo ta'e, orgaanizimiin kun kanneen armaan gadii keessaa isa kam ta'u danda'a?
    A. Yuugiliinaa
    B. Baakteeriyaa
    C. Raacitii
    D. Ameebaa

7. Adeemsa raaciteessuu keessaatti kan **hin** uumamne isa kami?
    A. Alkoolii
    B. Anniisaa
    C. oksijiinii
    D. Kaarbondaayoksaayidii
8. Baakteriyaan nyaata mataa isaa waan hin qopheeffannef orgaanizimoota du'an diddiiguun gara biyyeetti akka makaman taasisun anniisaa argata. Adeemsi kun maal jedhama?
    A. Awutootiroofikii
    B. Burkuteessuu
    C. Footoosenteesisii
    D. Heetirootiroofikii
9. Baakteeriyaan armaan gadii boca isaa waliin wal **hin simanne** isa kami?
    A. Geengoo ------ maayikobaakteeriyaam tuuberkiloosisii
    B. Maramee ---------- vibiriyoo koleeraa
    C. Siiqqee ---------- maayikobaakteeriyaam tuuberkiloosisii
    D. Geengoo---------diplookokas
10. Qonna keessaatti gahee beekkumsa baayoolojii kan **hin taane** maali?
    A. Xaa'oo man-tolchee oomishuu
    B. Qoricha Farra ilbiisotaa oomishuu
    C. Qoricha Farra aramaa oomishuu
    D. Koosmootikoota oomishuu
11. Faayidaa beekkumsa baayoolojii kan Damee Eegguumsa Naannoo ta'e kami?
    A. Sadarkaa qulqullina nyaataa eeguu
    B. Biqiloota Fi bineensota bosonaa kunuunsuu fi eeguu
    C. Qorannoo dhibee gaggeessuu
    D. Mala horsiisa loonii filatamaa dhiyeessuu
12. Boontuun barattuu kutaa 8ffaati. Maayikirooskooppii fayyadamuun seelii hammi isaa 0.025 mm ta'e leensii wanteessaa abbaa aangoo olaanaa jalatti ilaalte. Dandeettiin guddisuu maayikirooskooppii kanaa meeqa ta'a?
    A. 10mm
    B. 100mm
    C. 2.5mm
    D. 25mm
13. Meeshaan baayoolojikaalaa dhiibbaa dhiigaa namaa safaruuf oolu kami?
    A. Inkubeetarii
    B. Rifirijereetarii
    C. Isteetoskooppii
    D. Sifigimoomaanomeetirii

14. Amala saala laammeessoo dubaraa qofa kan ta'e kami?
    A. Furdachuu sagalee
    B. Marsaa laguu
    C. Areeda biqilchuu
    D. Sanyii oomishuu
15. Gochaawwan armaan gadii keessaa cirama bosonaa hir'isuu kan danda'u kamii?
    A. Lafa qonnaa baballifachuu
    B. Muka qoraanii fi Cilee qopheessun gurguruu
    C. paarkiwwan biyyoolessaa dhaabuu
    D. Xaawulaa oomishuun gurguruu
16. Adeemsi Killeen bilchaatte oovarii irraa ka'uun gara gadaamessaatti taasistu maal jedhama?
    A. Fertilaayizeeshinii
    B. Marsaa laguu
    C. Walqunnamtii
    D. Oovuleeshinii
17. Caasaa qaama saala dhiiraa ta'ee iddoon sanyiin kormaa yeroodhaf itti kuufamu kami?
    A. Yuureetiraa
    B. Ippididimiisii
    C. Qola cidhaanii
    D. Vaas diffaransii
18. Adeemsa biqiltuu daabuu fi guddisuu armaan gadiitti dhiyaate keessaa tartiiba isa sirrii eeggatee kan dhiyaate isa kami?
    I. Madabii biqiltootaa qopheessuu
    II. Bishaan yeroo yerootti obaasuu
    III. Aramaa fi kottee bineensotaa irraa ittisuu
    IV. Madabii pophaa'e keessa sanyii biqiltoota toora tooraan dhaabuu
    V. sanyii biqiltoota maddi isaanii biyya keenya ta'e addaan baafachuu fi funaannachuu
    A. V, I,IV, II, III
    B. I, V, IV, III, II
    C. IV, I, V, II, III
    D. II, III, V, IV, I
19. Dalagaan hormonii piroojestiroonii maali?
    A. Oovuleeshiniin akka eegaluu taasisuu
    B. Amala saala lammeessoo dubaraa murteessuu
    C. Dirri gadaamessaa akka of ijaaru taasisuu
    D. Hanqaaqun akka biilchaatu gargaaru.

20. Mala iitisa da'uumsaa keessaa kan hormonii irraa qophaa'u kami?
    A. Piilsii
    B. Gonfoo gadaamessaa
    C. Koondomii
    D. Mala riitimii
21. Caasaa qaama saalaa dubartii keessaa iddoon fertilaayizeeshiniin itti gaggeeffamu kami?
    A. Oovarii
    B. Gadaamessa
    C. Buqushaa
    D. Ujummoo oovarii
22. caasan baala biqilaa footoosenteesisiin baay'inaan keessaatti gaggeeffamu maal jedhama?
    A. Seelota Paaliseedii
    B. Seelota waardiyyaa
    C. Seelota isboonjii
    D. Qaama Istomata
23. Yaalii qor-istaarchii irratti hundaa'un baalli biqilaa tokko nyaata qopheeffachaa jiraachuu isaa agarsiistuu sirrii kan ta'e kami?
    A. Baalli haalluu adiitti jijjiirramuu
    B. Baallii halluu cuqul-gurraachatti jijjiirramuu
    C. Baallii halluu magariisa qabaachuu
    D. Baallii halluu dhabeessa ta'uu
24. Kanneen armaan gadii keessaa walnyaattota footoosenteessisii sirrii kan ta'e kami?
    A. Caarboondayoksaayidii + oksijiinii $\frac{ifa\ duu}{kilooroofiilii} = gulukoosii +$ Caarboondayoksaayidii
    B. Caarboondayoksaayidii + bishaan $\frac{ifa\ duu}{kilooroofiilii} = gulukoosii +$ Caarboondayoksaayidii
    C. Caarboondayoksaayidii + bishaan $\frac{ifa\ duu}{kilooroofiilii} = gulukoosii +$ oksijiinii
    D. Caarboondayoksaayidii + bishaan $\frac{ifa\ duu}{kilooroofiilii} = oksijiinii +$ Caarboondayoksaayidii
25. Sadarkaan gurmaa'insa seelii inni sadaffan ?
    A. Qaama
    B. Tishuu
    C. Sirna qaamaa
    D. Orgaanizimii

Qajeelfama II. Gaaffiilee 26ffaa fi 27ffaa gabatee armaan gadii ilaaluun qubee deebii sirrii qabu filachuun deebisi.

T.L	**Sirna qaamaa**	**qaamot**a	**Dalagaa**
1	Sirna hargansuu	Funyaan, sombaa, afuuffee qilleensa, biroonkii	Waljijjiirraa qilleensa raawwachuuf ayyadu
2	Sirna nyaata bulleessuu	Onnee, dhiigaa, ujummoo dhiigaa	Bullaa'insaa fi xuuxama soorataa raawwachuu
3	Sirna narvaawoo	Sammuu, Ispaayinaalkoordii, narvoota	Dhiigaa qaamota keessa raabsuu fayyadu
4	Sirna walhormaataa	Cidhaa, oovarii, qaama saalaa	fakkaatti ofii bakkabuusuf oolu

26. Sirnoota qaamaa gabatee armaan olii keessaa qaamota isaa sirrii waliin kan ibsame kami?
    A. 1,2 fi 4
    B. 2,3 fi 4
    C. 1,3 fi 4
    D. 1,2 fi 3
27. Sirna qaamaa armaan olitti tarreeffaman keessaa dalagaa isaanii waliin kan walsimatu kami fa'a?
    A. 1, 3 Fi 4
    B. 2, 3 Fi 4
    C. 1,2 fi 3
    D. 1, 2 fi 4
28. Faayidaa biqiltoota guddisuu fi kunuunsun dhala namaaf kennu kan ta'e kami?
    A. Gammoojjummaa fi hongee balabbisuun beela fida.
    B. Hoo'ina qilleensa baramma dabaluun rooba ittisa
    C. Eeggumsa fi kunuunsa biyyee , bishaanii fi qilleensa naannoo ni dabala
    D. Qilleensa xuraawaa naannootti gadi dhiisun naannoo faala.
29. Kanneen armaan gadii keessaa tishuu bineeldotaa kan ta'e kami?
    A. Tishuu meesoofiilii
    B. Tishuu vaaskularii
    C. Tishuu meeristimaatikii
    D. Tishuu ippiteeliyaalii

30. Dhukkuboota walqunnamtii saalan daddarban armaan keessaa kan vayirasiin dhufu kami?
    A. Abbaa seeruu
    B. HIV/AIDS
    C. Fanxoo
    D. Cophxoo

31. Dameen Baayoolojii hariiroo orgaanizimoonni naannoo isaanii waliin qaban qoo'atu maal jedhama?
    A. Ikoolojii
    B. Taaksoonomii
    C. Ziyoolojii
    D. Bootanii
32. Ogeeyyoonni waa'ee lubbu qabeeyyii qoratan maal jedhamu?
    A. Saayintistii
    B. Keemistii
    C. Baayoolojistii
    D. Fiizistii
33. Dhukkubni hir'ina nyaata pirootiniitin dhufu maal jedhama?
    A. Beeriibeerii
    B. Riikkeetisii
    C. Kuwaashorkorii
    D. Iskaarvii
34. Hariiroo Baayoolojiin Keemiistirii waliin qabu sirritti kan ibsu kami?
    A. Raga jijjiirrama suutawaa lubbu qabeeyyii
    B. Baay'inaa fi facaatii lubbu qabeeyyii
    C. Anniisaa sochii maashaa fi buusaan uumamu
    D. Walnyaatinsa keemikaalaa seelii keessaa
35. Dandeettii guddisuu maayikirooskooppii jechuun maal jechuudha?
    A. Dandeettii hamma wantoo ol dabalee mul'isuu
    B. Dandeettii wantoo qulqulleessee mullisuu
    C. Dandeettii wantoo sadarkaa guddinaa tokko irraa isa itti aanutti ceesisuu
    D. Dandeettii lakkoofsa orgaanizimootaa baay'isee mullisuu
36. Eddattoo erga maayikirooskooppii jalatti ilaalteen boodaa fakkii wantoo armaan gadii kana yoo argattee, eddattichii seelii maalii ta'uu danda'a?



    A. Seelii bineeldaa
    B. Seelii biqilaa
    C. Seelii baakteeriyaa
    D. Seelii paaramisiyeemii

37. Amala maayikirooskooppii salpaa kan ta’e kami?
    A. Leensii sadii qaba
    B. Leensii afur qaba
    C. Leensii hin qabu
    D. Leensii tokko qaba
38. Leensota wanteessaa armaan gadii keesaa dandeettii guddisuu ol aanaa kan qabu kami?
    A. Abbaa aangoo giddu galeessaa
    B. Abbaa aangoo olaanaa
    C. Abbaa cuuphaa zayitaa
    D. Abbaa aangoo gadi aanaa
39. Caasaan seelii biqilaa fi bineensaa keessatti argamu isa kami?
    A. Kilooropilaastii
    B. Niwukiilasii
    C. Cichaa seelii
    D. Seentirooyilii
40. Seelota armaan gadii keessaa dheeraa kan ta’e kami?
    A. Seelii narvii
    B. Seelii dhiigaa
    C. Seelii lafee
    D. Seelii saalaa
41. Kanneen armaan gadii keessaa buusaa hin sochoone kan ta’e kami?
    A. Buusaa ciqilee harkaa
    B. Buusaa buqqee sammuu
    C. Buusaa luqqeettuu
    D. Buusaa soma miilaa
42. Lafeewwan babattee kan ta’an kam fa’a?
    A. Lafee soma lukaa
    B. Lafee quba harkaa
    C. Lafee irree harkaa
    D. Lafee ceekuu
43. Kanneen armaan gadii keessaa tokko maashaa fedhiiti?
    A. Maashaa onnee
    B. Maashaa injichaa
    C. Maashaa saffaa
    D. Maashaa isfiniiktarii

Qajeelfama III. Gaaffilee 44ffaa fi 45ffaa fakkii kutaalee ilkaanii armaan gaditti siif kenname ilaaluun deebii kenni.



44. Kutaan ilkaanii qubee ‘’A’’ n bakka bu’e maal jedhama?
    A. Meembireenii peeriyoodentaalii
    B. Gubbaa ilkaanii
    C. Inaameelii
    D. Hundee ilkaanii
45. Kutaalee ilkaanii armaan olii keessaa iddoo seelonnii dhiigaa fi narvoonnii itti argaman maal jedhama?
    A. Dentaayinii
    B. Inaameelii
    C. Morma ilkaanii
    D. Holqa palpii
46. Amaloota beekkamoo biqilootaa kan **hin taane** kami?
    A. Seelota pirookaayirootikii irraa ijaarraman
    B. Halluu magariisa qabaachuu
    C. Cichaa seelii qabaachuu
    D. Soorata mataa isaanii qopheeffachuu
47. Biqiloota daraaraa kan ta’e kami?
    A. Moosesii
    B. Kaarrolee
    C. Dinnichaa
    D. Saphaaphuu
48. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala biqiloota daraaraa **miti**.
    A. Sanyii fi firii qabaachuu
    B. Saala malee walhoruu
    C. Daraaraa qabaachuu
    D. Fertiilaayizeeshinii gaggeessuu

49. Qaamolee biqiloota daraaraa keessaa soorata qopheessuun sadarkaa guddaa irratti kan argamu kami?
    A. Hidda
    B. Jirma
    C. Daraaraa
    D. Baala
50. Amaloota biqiloota daraaraa kootilideen lame kan ta'e kami?
    A. Veeneeshinii baalaa wal xaxaa
    B. Kootileedanii tokko qabu
    C. Vaaskularii faca'aa qabu
    D. Veeneeshinii baalaa wal tarree
51. Wal hormaata biqilaawaa kan nam-tolchee keessaa biqiloota sanyii garagaraa walitti qabsiisuun kan geggeeffamu kami?
    A. Jirma muruu
    B. Lafa qabsiisuu
    C. Giraaftiingii
    D. Suukeerii
52. Qaamni daraaraa haalluu ifaa ta'e qabu kami?
    A. Utubduu baala daraaraa
    B. Teessoo daraaraa
    C. Baala daraaraa
    D. Istiigimaa
53. Bineeldota keessaa amala bishaan keessaa fi lafa irra jiraachuu kan qabu maal jedhama?
    A. Reepitaayiloota
    B. Qurxummiilee
    C. Hoosistoota
    D. Amphiibiyaanota
54. Marsaa jireenya ilbiisotaa keessatti sadarkaa mugaa jedhamuun kan beekkamu isa kami?
    A. Puuppaa
    B. Jiisaa
    C. Hanqaaquu
    D. Ga'eessa
55. Kan armaan gadii keessaa tokko ilbiisota marsaa jireenyaa meetaamorfoosisii hanquu gaggeessaniidha.
    A. Titiisa manaa
    B. Billaacha
    C. Kuruphiisa
    D. Kanniisa dammaa

56. kanneen armaan gadii keessaa Ilbiisonni guddina diinagdeef bu'aa olaanaa argamsiisuu danda'an kami?
    A. Titiisa waraanaa
    B. Kanniisa dammaa
    C. Raammoo geerrii
    D. Awwaannisa
57. Ilbiisota gamtaa kan **hin taane** kami?
    A. Goondaa
    B. Ririma
    C. Awwaannisa
    D. Titiisa manaa
58. Naannoo keessaatti bakki lubbu qabeeyyiin jiraachuun wantoota lubbuu isaanif barbaachisu hunda itti argachuu danda'an ----------jedhama.
    A. Biddollee
    B. Atomeesfarii
    C. Sirnaakkoo
    D. Ikoolojii
59. Meeshaan eddattoo bineeldotaa funaanuu fi qorachuuf fayyadan keessaa kan ilbiisota lafa margaa irraa qabuuf fayyadu ----------dha.
    A. Kiyyeessituu boollaa
    B. Turuura hartuu
    C. Dhimbiibduu tirgiriin
    D. Akuwaariyaamii
60. Orgaanizimoota armaan gadii irratti hundaa'un Funchaa sorataa sadarkaa gulantaa isa sirriin kan taa'e isa kami?

    Adurree hantuutaa , marga, bofa , arraagessa

    A. Hantuuta → Marga → Bofa → Arraagessaa → Adurree
    B. Marga → Bofa → Adurree → Hantuuta →Arraagessa
    C. Marga → Arraagessaa → Adurree → Bofa → Hantuuta
    D. Marga → Hantuuta → Bofa → Adurre → Arraagessa